Waldaa Artistoota Oromoo
Oromo Artists Association

# Yaalii Araarra Mooraa Qabsoo Bilisummaa Oromoo Keessatti Ta'aa Jiru Ilaalchisee, Ibsa Deeggarsaa Waldaa Artistoota Oromoo (WAO)

Ummanni Oromoo erga gaafa waanjoo garbummaa Habashaatti kufee ka'ee; mirga humnaan sarbame, humnaan deebisee gonfachuu fi biyya isaa irrratti abbaa biyyummaa isaa mirkaneeffachuuf baroota dheeraaf qabsoo gaggeessaa ture har'allee daran itti jabeessuun falma keessatti argama. Qabsoo waggoota baayyee deemaa jiru kana keessattis goototni Oromoo ija qaroo qabsichaa ta'an baayyeen itti wareegamaniiru, qabeenyi baayyeen barbadaweera, sabni keenya baayyeen qee isaa waliin gurguramee, weerartoota kanaaf garba ta'ee jiraachaa tureera. Maatii baayyeen diigamee, lammatta akka deebi'ee wal hin agarretti adda ba'eera. Akkasuma ta'ees, tarkaanfiin werartootni kun gara jabina hammeenyaan guuteenii fi abdii kutannaan ummata keenya irratti fudhachaa turan sun ummata keenya daranuu qabsootti isa jabeesse malee, takkaa abdii murachiisee boodatti hin deebifne. Itti caalaayyuu ummanni keenya akka sabaatti deebi'ee of ijaaree dhaabaa fi hoggana isa gaggeessu akka qabaatuuf isa taasise.

Waggoota sodduman darban kana keessattis lammiwan Oromoo haalaa fi bifa adda addaan qabsoo ummanni Oromoo hiree murteeffannaa isaaf gochaa turee fi jiru keessatti qodnni artistootni Oromoo akka dhuunfaattis ta'e gamtaatti sochii isaan ogummaa qabaniin ummata isaanii barsiisuu bira dabranii hanga wareegama lubbuu laachutti akka ture seenaa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti bakka guddaa qaba. Qoodni artiistonni Oromoo aadaa Oromoo guddisuu, afaan Oromoo gabbisuu fi tokkummaa ummata keenyaa tiksuu irratti laatan akkuma kaleessaa arrallee biyya keessattis ta'ee biyya Ormaa keessatti kan gargar hincitin akka ta'e ifaadha.

Boordiin WAO dhiheenya kana yeroo adda addaatti walitti dhufuun haala sochii hojii waldaa kanaa, haala laafina gurmuu Oromoo biyya ambaa jiruu, haala afaan faajjii mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti ammatti mul'achaa jiruu fi walumaa gala haala amma qabsoon bilisummaa fi qabs'aonni Oromoo irra jiranirratti bal'inaan mar'atee jira. Keessattu dhaaba abdii ummata Oromoo bara dheeraafi ta'e ABO keessatti qoqqoodaminni haala adda addaatiin mumuli'achaa dhufee qabasaawota heedduu hamilee cabsaa dhufe kana cali'ifinnee laaluu akka hinqabnne miseensonni WAO qaama tokkoon irratti walii galle.

Mootummaan Wayyaanees wal dhabdee mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessa jiruu fi laafina gurmuu Oromoo biyya amabaa jiru kanatti dhimma ba'unn, garaagarummaan Hawwaasa Oromoo fi qabsa'ota bilisummaa Oromoo gidduu jiru daranuu akka babal'atuuf, afuura guddummaa, amantii, kutaa fi ilaalcha hamaa adda addaa mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti gad lakkisuun nagaa fi tasgabbiin akka hin jiraanne gochuun, hawwaasni keenya biyya alaa diina isaa dhiisee walii isaa qofaa irratti akka qabsaa'u gochuuf tattaaffii walirraa hin cinne gochaa jira. Tattaaffii isaanii kana fiixa baasuufis namoota garaa isaaniif bulan dantaa adda addaan goyyoomsuuf mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessaa gara ofii isaaniitti hawwachaas jiru. Keessatti muraasni abdii murate kan Liichoo Bukuraan hogganamu haala

qaanyessan seenaa qabsaawota Oromoo keessatti kan duraa ta'een Qawwee wareegama gootota Oromootiin horatame fudhatanii dhiheenya diinatti galanii fi maqaa investimentiin biyyatti deddeebi'uun,. biyyatti nagaa fi diimokiraasiin argameera jedhanii kan mooraa diinaa gabbisaa jiran fakkeenya gaarii dha.

Ummanni Keenya rakkoolee har'a bifa adda addaan isa mudatee jirurra aanee bilisummaa isaa gonfachuu kan danda'u dura mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti araarri, nagaa fi tasgabbiin yoo bu'e qofaa dha.

Araarri hawwamu kunis akka ta'uuf yaalii manguddoonnii Oromoo jeequmsa Mooraa Qabsoo Bilisummaa Oromoo ABOn hogganamu keessatti dhalatee jiru xumuruuf godhaa jiran Waldaan Artistoota Oromoo qalbii guutuun hordofaa jira. ni deeggaras. Fiixa ba'iinsa isaafis waan danda'u hundaa gumaachuuf qophee dha. Ummanni keenyaa fi qabsaawoonni Oromoo hunduu faca'iinsa dhiibbaa diinota keenyaatii fi wal hubannaa hanqina qabsa'ota gidduutti dhalate kanaan abdii kutatee osoo boodatti hin deebi'in araarri jalqabame akka fiixa ba'uuf gama hundaan dhiibbaa akka gootan yaamicha Oromuummaa isiniif dabarsaa qoqqodamiinsi dinni keenya nuuf hawwu kana ammoo akka hin milkoofinne hundeen Oromummaa keenya akka jabeesinu dhaammanna.

Baatii sadan dhufan kana keessattis sagantaa maree siyaasaa fi qophee bashannanaa kan hawaasni, hayyoonni, qabsa'onnii fi bakka bu'oonni dhaabota siyaasaa Oromoo adda addaa fi Artistootni Oromoo marti irraa qooda fudhatan magaalota gurguddoo North America lafa Hawaasni Oromoo baayyinaan jiraatan kan akka Minneapolis Minnesota, Washington DC, Atlanta Georgia , Toronto Ontario, akkasumas Magaalota Awuropaa kan akka Berlin German, Oslo Norway fi UK keessatti qopheessuuf karoorfachaa jirra.

Kanaaf qophii keenya kana bakkan gahuuf karaa barbaachisaa ta`ee hundaan akka WAO bira dhabatan hawaasa Oromoo biyya alaa fi jaarmyoota hawaasaa, siyaasaa fi amantii dhaaf waamicha lamumma isiniif dhiyeessina.

Tokkummaan Humna!!!

Boordii WAO